Bulchiinsa Mootummaa Naannoo
Oromiyaatti Biiroo Barnootaa
The Regional State of Oromia
Bureau of Education

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት
የትምህርት ቢሮ

Lakk BBO/4-24/3350/01/3ʃ
ቁጥር/Ref.No
Guyyaa 17/3/2013
ቀን/Date

Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Jĉmmaa tiif

Dhimmi: Gosa Barnootaa Hanqina Qabdan Irratti Barsiistota Akka Galmeessitan Beeksisuu Ilaala

Jĉmmaa

Kolleejjiin keessan barsiistota gosa barnoota addaa addaatiin hanqina kan qabu ta'uu daayirktooreetii Barnoota Olaanaafi Qo'annoofi Qorannoo beeksisuun akka qacaramuuf gaafachuun ni yaadatama.

Haata'u malee haala qajeelfama jiruun qacarriin barsiistotaa sadarkaa BBOtti deemsifamaa kan ture ta'us qacarriin gaggeeffamu gosa barnoota muraasa waan ta'ef haaluma ulaagaa taa'een galmeessuun iddoo bakka bu'aan Daayirektoreetii Barnoota Olaanaafi Qo'annoofi Qorannoofi Waldaan Barsiistota Oromiyaa jirutti qacarachuu akka dandeessan murtaa'ee jira.

Kanaaf, koree manaajimantii kollejjichaaf bakka bu'uunsi waan kennameef gosa barnootaa hanqina qabdanirratti yeroo tokko qofaaf kanneen ulaagaa guutan galmeessuun qacaruun akka danda'amuuf ulaagaa dorgommii waraqaa fuula lama xalayaa gaggeessituu kanaan walqabsiifnee waan isiniif ergineef haaluma ulaagaa kanaatiin galmeessitanii dorgommiif akka qopheessitan beeksifna.

Nagaa Wajjin

Maammoo Boggaalee
Hoggansaa Itti Aanaa Biiroo Barnootaa
Oromiyaa

Mootummaa Biyyoolessaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Barnootaa

GG

- Daayirektoreetii Barnoota olaanaafi Qo'annoofi Qorannootiif

Beeksisa Qacarrii

Biiroon Barnoota Oromiyaa Barsiistota kolleejjii Barnoota barsiistotaa Oromiyaatiif kanneen ulaagaa guutan gosa barnoota adda addaatiin dorgomsiisee ramaduu barbaada. Haaluma kanaan gosa barnootaa kolleejjoonni armaan gadii irratti qacarachuu barbaadan bu'uura godhachuun kolleejjiicha keessatti argamuun galmaa'uun dorgomuu kan dandeessan ta'uu beeksifna.

Gosa barnootaa barbaachisu

Lakk	KBB qacaru	Gosa barnootaa	Sadarkaa barnootaa	Baayyina
1	Yaabal'oo	Artii	BA/MA	1
		Biology Lab.	BA/MA	1
		ICT	MSC	1
2	Shaambuu	ICT	MSC	1
		Art	BA/MA	1
3	Jimmaa	History	MA	1
		Geography	MA	1
4	Mattuu	ICT	MSC	1
5	Bulee Horaa	Geography	MA	1
		History	MA	1
		Biology	MSC	1
		Physics	MSc	1
		Special needs	MA	1
		Afan Oromo	MA	1

Ulaagaa Dorgommii

- Afaan Oromoo dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu sirriitti kan danda'an;
- Digirii 2ffaafi isa ol ta'ee qabxii waliigalaa (CGPA) dhiiraaf 3.5fi isaa ol, dubaraaf 3.25 fi isaa ol.kan qaban ta'ee gosa barnootaa digirii 1ffaa barbaadaniif immoo (CGPA) 3.25, dubaraaf 3.00 ta'a;

Mootummaa Biyyoolessaa Naannoo Oromiyaati Biiroo Barnootaa

- Digirii jalqabaa gosa barnoota digirii 2ffaa waliin walfakkaachuu (related) ta'uu qaba. Barnoota 'psychology' fi 'curriculum' irratti garuu gosa barnoota hariiroo kallatti qabu ta'uu qaba.
- Mana barumsaa mootummaa keessatti muuxannoo hojii waggaa 5fi isaa ol kan qabu/qabdu, mana barumsaa sadarkaa 1ffaa (1-8) mootummaa keessatti barsiisaa turuu isaaf ragaa kan dhiheeffatu ni jajjabeeffama.
- Dubartoonni ulaagaa barbaachisu guutan ni jajjabeeffamu,
- Qorumsa gahumsaa ogummaa barsiisummaa fudhatanii kan darban, kanaafis ragaa dhiheeffachuu kan danda'an ni jajjabeeffamu;
- Dorgomee yoo darbe soorama bahuun dura waggaa shaniif tajaajiluu kan danda'u;
- **Miindaa**- akkaataa iskeelii Kolleejjoota Oromiyaatiin
- **Bakka Hojii**- Kolleejjii bakka duwwaa qaburratti ta'a.
- **Guyyaa galmee:- sadaasa 21-30/2013 ta'a**
- Bakka galmee- Kolleejji hanqina gosa barnootaa qabu irratti qacaruu barbaadu keessatti ta'a.